Yaannoo gabaabaa koorsii barnoota hunda hammattoo irratti kadhimtoota barsiistootaaf qophaa'ee dhiyaate

(SNE-312, cr-2)

BARNOOTA HUNDA HAMMATOO (INCLUSIVE EDUCATION)

BOQONNAA TOKKO

1. Hiika Jechoota Bu'uuraa,seenaa, falaasama fi sababa buu'uraa barnoota hunda hammatoo

GBYXGQ : Kaadhimamaa/tuu barsiisaa/tuu! Xumura boqonnaa kanatti:

- ★ Hiika jechoota bu'uuraa fi maalumaa barnoota hunda hammatoo adda baasuun ni himu.
- ★ Falaasama fi seenaa barnoota hunda hammatoo irratti hubannoo gaarii ni horatu
- ★ Sababoota qabatamaa fi barbaachisummaa barnoota hunda hammatoo xiinxaluun ni dinqisifaatu.

1.1 HIIKKA JECHOOTA BU'UURAA

Addatti Baasuu (segregation)-kun **s**agantaa barnootaa daa'imman fedhii addaa qaban bakka adda ta'eetti hiriyyoota isaanii al- miidhamoo irraa kophaatti baasaanii barsiisuuti; Gosa miidhama walfakkatuu bakka tokkootti fiduun barsiisuu fi deeggaruuti. **Walfudhachiisuu /Mainstreaming/** -kun sagantaan daa'imman sababa midhama qaamaa qabaniif addatti bahanii baratan gara mana barnootaa idilee fiduun hiriyyoota isaanii waliin akka baratan taasiisuudha.Walfudhacisuun daa'imman fedhii addaa qaban hanga danda'ametti sagantaa daree idilee keessatti haala fedhii fi kuufama dandeettii isaaniitiin deggeruuti. **Walitti madaqsuu (Integration)-** qophatti baasanii barsiisuurraa gara walitti makuutti cehuu ta'ee,daa'imman fedhii addaa qaban haalaa fi sirna barnootaa jirutti akka of madaqsuun baratan taasisuudha. Kaayyoon isaas daa'imman sababa miidhamaan addatti fo'amanii mana barnootaa addaatti baratan gara mana barnoota idileetti makuun miirri gadi aantummaa keessaa akka ba'aniif madaqsuu ti. Walitti madaqsuun ***bakka gurguddo afurittii qoodamu.*** Isaanis:

- ♣ Walitti madaqsuu iddoon walqabatu (location integration)
- ♣ Walitti madaqsina qaamaa (physical integration)
- ♣ Walitti madqina jireenya hawaasummaa (Social Integration)
- ♣ Walitti madaqina hojiin muldhate ykn qabatamaa (functional integration)

Barnoota Hundaammattoo (inclusive education) –Hunda hammatoon adeemsa hirmaana barnootaa, aadaa fi hawaasummaa cimsuu fi wantoota hirmanaa barattoota dhorkan hirisuun garaagarumma fedhii barachuu barattootaa hunda bira ga'uun deebii barbaachisa kennuuti.Barnootni hundaammattoo jijjiramaa fi sirreeffama gama qabiyyee barnootaa ,akkaata itti dhiyaatu,caaseeffamaa fi sagantaalee mul'ata waliinii qabachuun barnoota daa'imman hundaa biraan gahuuti. Barnoonni hundaammattoo sababa garaa garummaan osoo addaatti hin fo'in sagantaa barnootaa daree idilee keessatti loogii tokko malee akkaataa fedhii fi dandeettii barattootatti keessumeessuudha. Hunda hammattoon hirmaannaa carraa walqixxaa fi mirga barachuu daa'imman hundaa mirkaneessuu irratti fala bu'uura ti.

1.2 FALAASAMA BARNOOTA HUNDA HAMMATOO

Falaasamni barnoota hunda hammatoo kabajamu mirgi dhala namaa kan bu'ureeffateedha. Kanaafuu,barachuu fi hirmaachuun mirga barataa hundaa ta'uu hubachuun sadarkaa barnoota kamiyyuu keessatti deeggarsaa fi tajaajila hundagaleessa kennuun fedhii fi dandeettii barattootaa guutuun gaheefi dirqama manneen barnootaa fi sirna barnoota ta'uu amana.Akkasumaas garaa garummaa jiran gahumsaan keessummeessuun dhimma murteessaa ta'uu amana.

Bu'uurrii seenaa sagantaa barnoota hunda hammattoo guddinaa , dagaagina fi seenaa barnoota fedhii addaati. Akka oggeeyyiin barnoota fedhii adda Hannu,etal (2006) tti seenaan barnoota hundammatoo tarkaanfii garaagaraa keessa kan darbe dha. Innis: jalqaba daa'imman miidhama qaamaa qaban carraa barnoota dhorkachuun alatti dhifaman(exclusion)---booda immoo addatti baasuu(segregation)---itti aansuun warren adda ba'anii turan gara mana barumsaa idilee fiduun walitti makuu (integration) --- dhumarratti hundammattoo (inclusion).

Babal'nni mirga dhala namaa fi qajeeltowwan isaa barnoota hunda hamatoof, sababa bu'uuraa ti. barbaachisummaa barnoota hunda hammatoo hedduudha.Innis daa'imman hundi akkaataa fedhii fi dandeetti isaanittiin haala mijataa ta'e keessatti loogii fi qooddii tokko malee akka hirmaataniif gargaara; kuufamaa fi kennaa daa'immanii dagaagsuuf gargaara ; daa'imman barnoota qulqullina fi ga'uumsa qabu akka argatan carraa bana; Mirga namummaa kabjuu fi kabachisuu daa'imman gidduutti dagaagsa; jijjirama ilaalchaa uumuun barattonni garaagarummaa isan gidduu jiruu hubachuun obsaa fi kabaja akka waliif qabatan gargaara; daa'imni hundi mirga barnoota qulqullina qabu argachuu fi loogiin irra hin raawwanne gargaara.

Agarsiistuuwwan manneen barnootaa hunda hammatoo hojiirra oolchuuf qophaa'ummaa fi mijaa'ina qaban

Barattootni hundi gosa barnootaa hunda keessatti waliqixa hirmaachuu; Karoorri baruu-barsiisuu barattoota hunda kan hammatee ta'u; sirni brnootaa hojirra jiru garaa garummaa barattota gidduu jiruuf beekamtii kennuu; Daree keessaatti barattotni hundinuu walqixaa fi si'aayinaan kan hirmaatan fi baratan ta'uu; Iyyaaffannaa fi madaallii keessatti barattootni hundinuu xiyyeeffannaa argachuu; Tooftaalee fi tarsiimoowwann barsiisummaa fi barachuu haala qabatamaa jiru irratti hundaa'uu; Sirni brnootaa garaagarummaa hawaasa keessaa jiru hubatee dagaagisuu qabachuu fi kkf.

Cuunfaa:

Hunda hammatoon Adeemsa yeroodhaa gara yerootti dagaagu/babaldhatuudha/.Adeemsa gufuuwwan barnoota keessa jiran adda baasuun fala barbaaduudha. Hunda hammattoon irra caalaatti barattoota sababa fedhii addatiin qophaatti fo'aman, tuffataman, qabxii gammachiisaa

hin taane galmeessan rakkoon isaanii addatti bahee muldhate keessummeessuun firii gaariirra akka ga'an kan taasiisuudha. Bu'uurri barnoota hunda hammatoo mirga barachuu daa'immanii haalaan hojirra oolchuuu fi barnoota qulqullina qabu lammii hunda waliin ga'uudha. Sagantaa kana keessatti, manneen barnnotaa hundinuu daa'imman fedhii addaa qaban simatanii haalaan barsiisuu fi hirmaachisuuf dirqama qabaachuu isaanii kan agarsiisuudha .

BOQONNAA LAMA

2. Sanadiiwwan Imaammata Barnoota Fedhii Addaa

GBYXGQ : Kaadhimamaa/tuu barsiisaa/tuu! Xumura boqonnaa kanatti:

- Sanadiiwwan akka addunyaatti mirga barachuu barattootaa irratti jiran ni dinqisiifatu.
- Hariiro mirga dhala namaa fi sagantaa barnoota hunda hammatoo giduu jiru xiinxaluun ni ibsu.
- Danbiiwwan mirga barachuu irratti Itoophiyaan qabdu sagantaa barnoota hunda hammatto keessatti hojirra oolchu ni danda'u.

2.1 Sanadiiwwan Sadarkaa Idil-Addunyaa Mirga Barnachuun Wal Qabatan

Barnoota Hunda Hammatoo Fi Labsiiwwan Waliigalaa Mirgoota Dhala Namaa

Labsii waliigalaa mirgoota dhala namaa bara (1948) bahe keessatti qabxiwwan ijoo ta;an: namni kamiyyuu mirga barachuu uumamaan kan qabu ta'uu; yoo xinnaate barnootni darkaa tokkooffaa baasii malee lammiilee hundaaf kan kennamuu qabu ta'uu; Barnootni kan irratti xiyyeeffachuu qabu kabajaa fi dagaagina mirga namoota duunfaa fi hawaasaa ta'uu akka qabu; Akkasumaas barnootni biyyootaa fi namoota gidduutti walhubachuu, waldandaa'uu irratti xiyyeeffachuun wal qixxummaa cimsuun, nageenyaa fi tasgabbii babaldhiisuutu irraa eegama.

2.1.1 Barnota Hunda hammattoo fi waliigaltee Mirgoota Daa'immanii

Konvenshinii mirga daa'immanii mootummooni biyyoota gamtoomanii bara 1989 waliigalan biyyi keenyas mallattessitee hojiitti hiikaa jirtii. Bu'uuraa waliigaltee kana keewwata 28 lakk 1A jalatti qabxilee dhimma barnotaa irratti xiyyeeffatan : Carraa barnoota sad. 1^{ffaa} barnoota walii galaa fi barnootaa fi leenjii ogummaa babaldhiisuu; daa'ima kamiyyuu barsiisuu fi leenjiisuu; gargaarsaa fi deeggarsa barbaachisu daa'ima kamiifuu taasisuu; Carraa barnoota ol'aanaa haala fedhii fi dandeetti iisaaniitiin akka baratan taasisuu; Daa'imman carraa barnootaa argatan barachuurratti akka haalaan hirmaatan tooftaalee adda addaa qopheessuun gargaaru; daa'imni kamiyyuu loogii malee, mirgi barachu isaa kabajamuuf akka qabu; Dabalataanis akkaataa qabxii ijoo keewwata 23ttis, yemmuu ilaallu, daa'imman miidhama addaa qabaniifis deeggarsii fi tajaajilli keenniinsa barnoota qulqullina qabuu murteessaa ta'uu ibsa.

2.1.2 Barnoota Hunda-Hammatoo fi Murtee Barnoota Lammii Hundaa

Labsiin barnoota lammii hundaaf jedhu bara 1990 murtee biyya Taayilaandii Magaalaa Joomeetiin keessatti walgahii konfransii barnootaa, biyyootni gamtoomanii irratti argamanii murtee dabarsaaniidha,

Barnoota hunda hammatoo fi Barnoota Lammii Hundaaf jedhaman lamaanuu namni kamiyyuu barachuu akka qabu fi danda'u ibsu. *Xiyyeeffannoowwan Sagantaan Barnoota Lammii Hundaa (EFA)*

- Barnoota daa'immaniif kennamu babaldhisuu fi qulqullina fi ga'uumsa isaa eeguu.
- Hanga 2008tti daa'imman hunda keessumaa durbawwan, daa'imman midhama qaamaa fi rakkoo adda addaaf saaxilaman carraa barnoota qulqulluu tolaa fi bilisaan akka argatan taasiisuudhan mirga barachuu isaanii mirkaneessuu.
- Dargagootaa fi ga'eessoota barnoota fi ogummaalee jireenya isaaniin wal qabatan barsiisuu fi leenjisuun jireenya fooyya'aa ta'ee akka jiraatan dandeessisuu.
- hanga 2008 tti ga'eessoota barnoota bu'uuraa argatan harka %50tti ol guddissuun, keessummaa dubartootaaf carraa barnootaa babaldhisuu
- Barnoota bu'uraa-dubbisuu, barreessuu, shallaguu fi ogummaa faayidaa qabanii fi safaramuu dand'an gama sagantaa barnootaan hundaaf kennuun qulqullina fi ga'uums horachuurratti xiyyeeffata.

2.1.3 Barnoota Hunda Hammatoo fi Murtee SalamaanKaa

Murtiin barnoota fedhii addaa Magaalaa Salaamankaa keessatti bara 1994 tti biyyootni gamtooman murtii dabarsan ta'ee , xiyyeeffannoon isaas: Daa'imni kamiyyuu amala addaa, fedhii, fi fedhii barachuu garagar ta'e ni qabaata, garaagarummaa kana keessumeessuuf siistamaa fi keenninsa barnootaa fooyyeessuun barbaachisaa ta'uu ibsa. Akkaataa fedhii fi dandeetti barattootaatiin barsiisuun sagantaa barnoota hunda hammatoo ta'een kan mirkanaa'u ta'a.

2.2 Dokimantoota Sadarkaa Biyyoolessaa

Heerri Mootummaa Federaalaawaa Dimokiraatawaa Itiyoopiyaa dhimma mirga dhala namaa, mirga daa'immanii fi kkf kan hammateedha.Fakkeenyaaf , Kewwata 9,10, 19, 33,40, 41 fi kkf ilaaluun kabaja mirga dhala namootaaf kan dhaabbate ta'uu ibsa. Daa'imman fedhii adda addaa qaban barsiisuun seera kan deeggerama ta'u agarsiisa. Gama biraan Imaammata Barnootaa fi Leenjii Itiyoopiyaa bara 1986 hojirraa oole kan bu'uurra godhatee carraa barnootaa waliin ga'uu babaldhisuun kan jireenyaan walsimatu ta'e kennuun jireenya namootaa fooyyeessuuf kan qophaa'e ta'ee haala adeemsaa fi ijaarsa siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa Itiyoopiyaa kan calaqisisuudha. daa'imman Itiyyoopiyaa hundinuu haala fedhii fi dandeetti isaaniitiin akka baratan ogummaa addaa kan qaban hundinu akka baratan ogummaa fi tajaajilli barnoota Fedhii Addarratti xiyyeeffate, Keewwattoota 2.2.3, 3.2.5, 3.4.11, 3.7.6, 3.9.4, ilaaluun barbaachisaa dha. Karaa biraan *Tarsiimoon Barnoota Fedhii Addaa Itiyoophiyaa* bara 1998 irraa eegalee hojirraa akka oolu ta'e jira. Tarsimich kan irratti xiyyeeffate sagantaa barnoota fedhii addaa babaldhisuun haala hunda sagntaa barnootaa hammataa ta'een daa'imman rakkoo miidhama qaamaa fi fedhii addaa ta'ee babaldhisuuf ka'umsa kan godhatuu dha.

Cuunfaa:

Walumaa galattii labsiiwwan, danbiiwwanii, waliigalteewwan fi qajeelfamoota dhimma kabaja mirga

dhala namaa akka addunyaaleessatti jiraan biyyonni addunyaa hedduun duraa duubaan hojiitti hiikuun raawwataa jiru.Haaluma kanaan biyyii keenyaas sagantaa barnoota hundammatoo hojiirraa oolchuuf seerawwanii fi labsiiwwan akka addunyaatti jiran fudhachuun heera biyyatti keessatti beekamtii kennuufiin, akkasumaas imaammataa barnootaa biyyatti keessatti hammachuu fi taarsiimoo barnoota fedhii adda qopheessuun hojiitti hiikuuf taataaf guddaa gochaa jirti.Kanaafuu dhimmi barnoota hunda hammatoo dhimma tola ooltummaa osoo hintaanee dhimma mirga bu'uura barachuu dhala nama hundaa kabajuu fi kabachisuu ti.

BOQONNAA SADII

3. DHIMMOOTAA GURGUDDOO BARNOOTA HUNDA HAMMATOON WALIIN WAL QABATAN

GBYXGQ : Kaadhimamaa/tuu barsiisaa/tuu! Xumura boqonnaa kanatti:

- ★ Gahe hunda hammattoon daree barnootaa keessatti qulqullina barnootaaf gummachu xiinxaluun ni gabbifatu.
- ★ Ilaalchaa fi sona barnoota hunda hammatoof qaban gabbifaachuun hojiirra ni oolchu.
- ★ Tarsiimoo ogummaa barsiisumma barnoota hunda hammattoo ta'an addaan baasanii ni tarreessu.

3.1 Barnoota Hunda Hammatoo fi Bu'a Qabeessummaa Baasii

Barnootaa hunda hammatoo keessatti wantoonni tajaajilaa barnootaaf barbaachisan hundinuu qindoominaan sababa qophaa'anif baasii barnootaaf bahu ni xiqqeessa. Kanaaf barnotni hundammatoo bu'a qabeessummaan gama baasii xiqeessuun qabu olaanaadha. Manneen barnootaa addaa fi leecalloo addaa kophaatti dhiyeessuun daa'imman addummaa qaban qophatti baasanii barsiisuun baasii guddaa waan gaafatuuf hundammatoon filatamaadha. Barnootni hunda hammatoo qulqullina barnootaa mirkanneessuu keessatti bu'a qabeessaa. Sababni isaa barumsa barataa g/galeeffate kennuun gahumsa barattoota hundaa fooyyessa; Qabxii barattoota hundaa fooyyeessuuf hojeeta; Barnootni haala fedhii fi dandeettiin waan kennamuuf harcaatii fi irra deebii xiqqeessa. Gama biroon barnoota hundammatoo fi bu'a qabeessuummaa Saayiko hawaasummaan qabu yoo ilaalu yaada dogoggoraa garaa garummaa namoota gidduu jiru iirratti hawaasni mulisuu ni fooyyeessa; wal jaalalaa fi wal kabaja namootaa ni cimsa akkasumaas miira ofitti amantummaa daa'imman fedhii addaa qabanii ni dagaagsa.

Ilaalchaa fi sona qaamotni hawaasaa garaagaraa barnoota hunda hammatoo keesaatti agarsiisan dhiibaa geesisuu ni danda'a.Haaluma kanaan ilaalchaa fi sona **karaa barsiisaa** barnoota hunda hammattoo hojirraa oolchuu keessatti dhibbaa fiduu keessa: haala leenjii barsiisaa; daree barnoota keesatti deggersa dabalataa kan barbaadan baayyachuu fi baayina barattootaa daree tokko keessa ; baayina hojii fi barnoota hunda hammatoo irratti hubannoo fi ga'umsa dhabu. Akkasumaas gama ilaalchaa fi sona **hawaasa bal'aan** barnoota hunda hammatoon irratti qabatan keessaa: Baasii guddaa gaafata jedhanii sodaachuu;

Sodaa irraan kan ka'e yeroo dheeraa fudhachuu; Hojii irra oolmaan isaa ni ulfaata yaada jedhuun sakaalamuu; Ogummaa fi dandeettii adda tahe gaafata; kanaafis rakkisaadha jedhanii sodaachuu fi Sagantaa barnoota hunda hammatoo kan qaama tokkoo qofa jedhanii yaaduu kkf . Kanaaf ilaalchawwan armaan olii madda sodaa fi dogoggoraa ta'an kana qaamolee hunda hubachisuun sagantaa barnoota hunda hammatoo kana hojirraa oolchuun filannoo kan hin qabneedha.

Sagantaa raawwii barnoota hunda hammatoo keessatti **wantoota barsiisotni akka raawwatan** irraa eegaman: Barnoota kennamu akka barattoota hundaaf ta'uutti qopheessuun kennuu ; Sirni barnoota daree barnoota hunda hammatoo tokkoo tokkoo barataa daree keessatti barachaa jiru giddu galeeffateen tajaajila guutuu akka kennuu danda'uutti madaqsuu ; Barattootni gareen ta'uun akka waliin wal barsiisanii fi baratan taasiisu; Yeroo barsiisan qunnamtii afaan/dubbii keessatti jechoota salphaa fi ifa ta'aniin fayyadamuu, irra debi'uun himuu, ibsuun barbaachisaa ta'a.Akkasumaas Maloota qunnamtii sagaleen, arguu fi tuuttuqaan hammatu fayyadamuun barattoota hunda hirmaachisuu .

Seer-bu'uuraalee barnoota hunda hammatoo hojirraa oolchuuf hordofamuu qaban keessa: Barattoota hunda carraa wal qixa ta'een keessumeessuu; Qunnamtii cimsuu; daree barnootaa haalaan hogganuu;barannoo karoorsuu; daa'imman fedhii addaa qabaniif deggersa dhuunfaa taasisuu;meeshaalee deggersaa kanneen akka meeshaa deggersa barnootaa,meeshaa taphaaf gargaran,meeshaa daree barnootaaf ta'an,meeshaa sochiif tajaajilan, meeshaalee qunnamtiif ta'anii fi kkf barsiistonni barattoota isaaniif akka ta'utti itti fayyadamuu qabu.

Cuunfaa:

Manneen barnootaas ta'e barsiistonni, daa'imman miidhama qaamaa fi fedhii adda biro qaban irratti ilaalchaa fi sona dogoggoraa jiru sirreessuun, hawaasnii bal'aans ta'e ogeeyyiin barnoota gama ,xiin sammuun,hawaasumaan fi barnootaan deggersa barbachisu gummachuun hojirra oolmaa barnoota hunda hammatoo milkeessuuf hojechuutu irra eegama.Barnootni hunda hammatoo adeemsa ta'us quliqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Haaluma kanaan dandeetti, kuufama,beekumsaa, ilaalchaa fi kalaqa qaban adda baasanii cimsuu fi dagaagsuu, akkasumaas waliin hojechuun taarsimoo ogummaa barsiisummaa barnoota hunda hammatoo keessatti hojirra oolchuun qulqulina barnootaaf gummachun murteessadha.

BOQONNAA AFUR

4. Gurmaa'ina Deeggersaa Barnoota Hunda Hammatoo

Boqonnaa kana keessatti yaadoota adda addaa deggersa keessoo fi naannoo mana barumsaa jiraan gurmeessuu, sosochoosuu,garee daggersaa mana barumsaa bu'uureeffate cimsuu,wiirtuu leccalloo manneen barumsaa ijaaruu,taajaajiloota hundagaleessa ta'an fi kan biroon keessatti kan ibsamuudha.

GBYXGQ: Kaadhimamaa/tuu barsiisaa/tuu! Xumura boqonnaa kanatti:

- ★ Daree barnoota hunda hammatoo keessatti daa'imman fedhii adda qabaniif akkata deeggerssi itti kennamuu irratti hubannoo ni horatu.
- ★ Barbaachisummaa garee deeggersa mana barumsaa bu'ureffatee ni tarreessuu
- ★ Wiirtuun leecaalloo mana barumsaa tokko maal raawwachuu akka qabu ni tarreessuu
- ★ Gahee barsiistonni barnoota fedhii addaa barnoota hunda hammatoo keessatti qaban hubachuun ni gabbifatu

Manneen barnootaa hunda hammatoo keessatti hanga fi milkaa'inni deeggersaa daa'imman addummaa qabanii barsiisuuf taasifamuu murteessadha. Milkaa'ina deeggersa dagaaggisuuf tooftaaleen armaan gadii barbaachisoodha.Isaaniis,deeggersa daa'immaniin daa'immaniif taasiisuu; deeggersa barsiisaan barsiisaaf taasisu; deeggersa daree keessatti barsiisaan gochaalee akaakuu adda addaa fayyadamu; kutaalee leeccalloo qindoomina fi gurmaanaan badhaadhe fayyadamuu fi kkf gargaaramuun hojirraa oolchu barbaachsa.Haaluma kanaan barnoota hunda hammatoo milkeessuuf garee garaagaraa hundeessuun fi gahee hojii isaanii beekuun murteessadha.

- ♣ **Garee Deeggarsaa Mana Barumsaa Bu'uureffate Hundeessuu**

Gareen kun Fedhii bal'aa barattootni qaban sakatta'uun leecalloo jiru qindeessanii haala deeggarsaa mijeessuun tajaajilli barattoota hundaaf akka argamuuf kan hojjetudha.

- ♣ **Tajaajiloota bakka bakkatti socho'an (peripathetic services) gurmeessuu**

Tajaajilli kun garee hayyootaa mana brumsaa tokkoo gara isa birootti adeemuudhaan sakatta'insa gaggeessu, gorsa kennuu, meeshaalee dhiyeessuu fi darbee darbee kallattiidhumaan barsiisan hundeessuu ta'a. kunis, barsiisotni deeggarsa dabalataa bifa meeshaawwaniitiin, gorsaan, ogummaatiinii fi leenjii hojii irratiin carra argatanii adda addummaa fedhii barattootaatiif deebii sirnaa kennuu akka danda'an gonfachiisuudha.

- ♣ **Wiirtuu leecalloo mana barumsaa hundeessuu**

Akeekni tajaajila garee leecalloo mana barumsaa kun daree idilee keessatti fedhiiwwan barattoota barnoota fedhii addaa akka guutamuuf barsiisota deeggaruu; barattoota tajaajila adda addaa argachuuf malan sakatta'uun murteessuu, akkasumaas kenniinsa tajaajiloota addaa karoorsuu, hordofuu fi madaaluu dha. **Itti dabalaanis** wiirtuuleen akkasii gochaawwan akka sakatta'insa gaggeessuu, gorsa kennuu, marii fi deeggarsa barsiisotaa fi maatiif kennuu, dagaagina ogummaa barsiisotaa cimsuu, leenjii kennuu fi hubannoo guddisuu, meeshaaleewwan addaa dhiyeessuu, gara wirtuu caalaa fooyya'aa ta'eetti erguu fi tajaajilota argaman irratti odeeffannoo dhiyeessuu akkasumas hanga murtaawaa ta'e tokkotti barumsa idilee kennuu ta'a

- ♣ **Tajaajiloota hunda galeesa ta'an hundeessuu**

Kun sekteroota adda addaa (fayyaa, saayikoloojii, hawaasummaa kkf walitti qindeessuu)**,** tooftaa hunda galeessa ta'e dagaagsuun faayidaalee hedduu qabaata. Faayidaaleen kunninis **:** Sirna dheeraa (bureaucracy), dhibaayina /boodatti hafiinsaa fi gufuuwwan carraa yeroo tajaajilootni guutummaatti addaan bahan uumamu dand'an xiqqeessuuf. Adeemsa raawwii taajajiloota hundagaleessa kana keessatti **,** Fayyadamtoota tajaajilicha jechuun barattoota, maatii isaanii fi barsiisota ogeeyyii halaalaa (remote specialistis) irra haala michummaa qabuun bakka murtaawa tokkotti argachuu ibsa. Xiyyeeffannoo guddaa tajaajila kanas dadhabina qabatamaatti barattoota mudatan sakatta'insa fedhii kan haala malee ta'e irra haala mana barumsaa fi uummataatti qajeelchuuf.

- **Michummaa manneen barnootaa fi maatii keessatti hundeessuu**

Manneen barnoota hirmaana maatii fi hawaasa malee bu'a qabeessa hin ta'u.Maatii fi uummatni naannoo mirga hirmaannaa bal'aa ni qabaatu jechuudha. Keessattuu, waa'ee ijoollee isaanii beekumsa ogeeyyooni hin qabne qabachuu ni malu. Kanaafuu, ijaarsi hirmaannaa maatii fi uummata naannoo adeemsa sadarkaa sadarkaanii fi wal amantaa irratti hundaa'ee ta'u qaba; Daa'imman fedhii adda qaban hirmaachisuuf ifaajee adda ta'e kan barbaaduudha. Kunnis kan ibsu hirmaanaa garee hedduu kan barbaadu ta, udha; Mirgi hirmaannaa maatiiwwanii sirna bulchiinsa mana barumsaatti ijaaramuu qaba; Akkasumaas uumatni naannoos bulchiinsa mana barumsaa ykn sirna barumsaa akka waliigalaa keessatti sirnaan qabamuu qaba; Itti dabalanis manneen barnootaas uummata naannootiif tajaajila kennuun ykn bu'uura dhaabbilee biroo ta'uun akka leecalloo tajaajiluu qabu.

- **Gahee barsiisotni barnoota fedhii addaa barnoota hunda hammatoo keessatti qaba**

Ogeeyyiin barnoota fedhii adda garee barnoota hunda hammatoo kurfeessuu, gaggeessuu fi hordofuu keessatti qooda ol'aanaa kan qabataniidha; daree idilee daawwachuun sakatta'iinsa barnootaa walitti fufiinsaan gaggeessuun, barsiisota biroo waliin ta'uun yaada furmaataa kennaa deemuu; tajaajiloota kallattii barattoota addaa keessumaayyuu karoora brnootaa kan dhuunfaa (IEP) fi tajaajila gorsaa barsiisota idileetiif kennuu; qaamota dhimma barnoota barattootaan wal qabatan mara waliin michummaa uumuu; akka barsiisaa marmaartuu (Itinerant teacher) ta'uun hojjachuu; Sirna barnootaa fi meeshaalee deggarsa brnootaa mijeessuun garaagarummaa fedhii barattootaa waliin akka wal simatu gochuu; Kutaalee leecalloo gurmeessuu fi hojii irra oolmaa isaas hordofuu; barsiisota barnoota waliigalaatiif tajaajiloota addaa akaakuu garaagaraa jiraatan hubachiisuu fi tajaajiloota deeggarsaa gadifageenyaan ibsuu; bu'aalee sakatta'iinsaa hiikuu fi karoora dhimma barnootaa kurfeessuu keessatti deeggaruu.

Barsiisaa idilee: tokkoon tokkoo barsiisotaa barnoota hunda hammatoo akka bakka gahu ykn bakka akka hin geenye gochuudhaaf gahee guddaa qabu. Milkaa'ina dhimma barnoota hunda hammatoo keessatti barsiisotni barnoota fedhii addaa fi barsiisotni daree idilee biroos tokkummaan hojjachuu barbaachisa. Saganta leenjii barsiisaa hundammatoo barsiisotni barnootaa fi leenjii malaa/tolaafi firoomaa

ta’e (appropriate and relevant education & training) kan barbaadudha. Kunis :deegarsa sirrii ta’e akkaataa garaagarummaa dhuunfaa barattootaatiin akka kennanii taasisuuf gargaara.

- **Manneen barnootaaa idilee leecalleessuu**

Manneen barnoota addaa fi dareewwan addaa qofa osoo hin ta’iin manneen barnootaa idilee leecalleessuun garaagarummaa fedhii barattootaa mara guutuun hunda hammatoo dagaagsuu fi jajjabeessuu keessatti gahee mataa isaa ni qaba. **Daree addaa fi barsiisaa daree addaa-** akkuma cimina fedhii barattootaatti deebii malu kennuufis dareen addaa fi barsiisaan daree addaa jiraachuun yeroo barbaadametti deeggarsa barbaachisaa ta’e addatti kennuudhaan, irra caalaatti garuu haala ittiin barnoota hunda hammatoo keessatti tajaajiluun danda’amu uumuun hunda mmatoo uumuu fi jjjabeessuuf gumaacha ofii isaa qaba.

- **Sirna barnootaa hunda hammatoo ta’e dagaagsuu**

Handhuurri baruu- barsiisuu manneen barnootaa keessatti raawwatamuu sirna barnootaa ti. Haala walii galaatiin sirni barnootaa beekumsa baruu barsiisuu, Ogummaalee fi ilaalcha waliin kan wal qabatu dha. Kan inni of keessatti hammatus gosa barumsaa(subject matter), tooftaa barsiisummaa (pedagogy), iyyaafannaa/ madaallii (assessment/ evaluation), leecalloowwan barbaachisoo (related resources), dhiyeessii fi akkaataa dubbii (delivary & articulation) fi sagantaalee barnootaa fa’i ta’u. Barattoota dandeettii adda addaa qaban barsiisuu keessatti, sirni barnootaa bakka gurguddoo lamatti qoodama. Kunis, sirna barnootaa haadhoo ‘core curriculum’ fi sirna brnootaa babal’isaa ‘elaborative curriculum’ ta’u. sirni barnootaa haadhoon barattoota maraaf bu’uuraa fi barbaachisaa waan ta’eef, isa kana irratti xiyyeeffachuun sirna brnootaa kan waliinii haala salphaa ta’een jechuunis garaagarummaa fedhii fi dandeettii barattoota maraa giddu galeeffachuun dhiyeessuun tooftaa hunda hammatoo dagaagsuu fi jajjabeessuu keessatti iddoo guddaa qabaata.

Cuunfaa

Walumaagalatti, barnoota hunda hammatoo hojiitti hiikuuf tajaajila hunda galeessa ta’e gama leecallowwan,ilaalcha fi gosawwan ogummoota hedduu hanga danda’ameetti walitti qindeessuun manneen barnootaa fi barsiistonni fedhiwwan barattoota isaanii akka guutaniif deeggeruudha.Haaluma kanaan tokko tokkon manneen barumsaas ta’e barsiisaa barnoota hunda hammatoo bakkaan ga’uuf ykn akka bakka hin geenye gochuuf gahee guddaa kan gummachuudha.Kanaaf milkaa’ina barnoota hunda hammatoof keessatu ogeeyyiin barnoota fedhii addaa fi barsiistonni daree idilee tokkummaan wal deeggeruun waliin hojeechuun murteessa ta’a.Akkasumaas sagantaa leenjii barsiisaa irratti xiyyeeffachuun manneen barnoota idilee leecaaleessuu, daree addaa fi barsiisaa daree addaatti akka barbachisummaa isaatti itti fayyadamuun hammoottoo sirna barnootaa wale ta’e qopheessuuf gargaara.

BOQONNAA SHAN

5. DANQITOOTAA FI CARRAALEE BARNOOTA HUNDA HAMMATOO

Kutaa kana jalatti danqitootaa fi caarraalee barnoota hunda hammattoon wal qabatan kan ilaalu ta'a.

GBYXGQ : Kaadhimamaa/tuu barsiisaa/tuu! Xumura boqonnaa kanatti:

- ★ Danqitoota gurguddoo barnoota hunda hammatoo ni tarreesuu
- ★ Carrawwan barnoota hunda hammattoo bifa adda adda qaban ni tarreessuu

Gufuuwwan/Danqaalee barnoota hunda hammattoo

Adeemsa barnootni hunda hammatoo hojiirraa oolchuuf taasifamu keessatti danqawwan ykn gufuwwan hedduun mudaachuu danda'u. barnoonni hunda hammattoo dagaagguu kan danda'u gufuwwan isa mudaatan yeroo yeroon hiikama yoo deemaan qofa. Gufuwwan kunninis:Ilaalcha dogoggoraa hawaasni qabu; Diddaa jijjiiramaa hamaa(a harderened résistance to change);Rakkoolee ilaalchaa fi hanqina hubannoo barsiisota bira jiru; Sirna barnootaa rincicaa(rigid school system); qajeelfamoota barnootaa irratti hubannoo gahaa dhabuu; hanqina leecalloo; Ijaarsawwan adda addaa(lack of ramp and/or lift) fi Sirna barnootaa mijaawaa ta'e dhabuu(lack of adapted curriculum) fi kkf.Akkasumaas, dagaaginni imaammata barnoota hund-hammatoo; sirni barnootaa fi sagantaaleen leenjii barsiisotaa danqitoota fuul durree (frontiers) raawwii barnoota hund-hammatuu qunnamani dha. Gama birootiin immoo barnoota hunda hammattoo hojirraa oolchuuf akka carraa gaariitti kan fudhatamuu danda'an keessaa: Seerotni, labsiiwwan, imaammataa fi tarsiimoowwan deeggaroon jiraachuu fi ogeeyyiin barnoota hunda hammattoo baay'achaa adeemuu dha.

Cuunfaa

Walumaagalatti, danqitonni barnoota hundammattoo maddaan qabatoota adda addaa kanneen akka ilaalcha,sirna mana barumsaa hin dadaachaane(rigid), jijjiramaaf of qopheessuu diduu,qajeelfama barnoota ifa ta'e dhabuu , hanqina leecalloo manneen barnoota fi naannoon manneen barnootaa mijaawwa ta'u dhabuu fi kkf.Kanaaf carraalee argamteetti fayyadamuun guufuwwan barnoota hunda hammattoo maqsuuf qaamni hudinuu wal tumsuun barbaachisa qofa osoo hin taane murteessaadha.

GAAFILEE FILANNOO ARMAAN GADIITTI DHIYAATANIIF DEEBII SIRRII TA'E FILAACHUUN BAKKA DEEBIIF KENNAME IRRATTI BARREESSI.

1. Sagantaan barnootaa daa'imman hunda garaagarummaa tokko malee daree idilee keesatti akkataa fedhii fi dandeetti isanitti hunda'uun barsiisuu

   A. sagantaa barnoota addaa B. sagantaa barnoota walitti makuu

   C. Barnoota fedhii adda D.deebii hin qabu

2. Adeemsa seenaan barnootni hundammattoo keessa darbee sadarkaa amma irra ga'e sirriitti kan agarsiisu kam?

   A.Adda baasuu → carra dhorkachuu → walitti makuu → hundammatto

   B. Carra dhorkachuu → walitti makuu → hundammatto → Adda baasuu

   C. Carra dhorkachuu → Adda baasuu → walitti makuu → Hundammatto

   D. Hundammatto → walitti makuu → Adda baasuu → Carra dhorkachuu

3. Kanneen keessa tokko adeemsa daa'imman addummaa qaban gara moora mana barumsaa fiduun kutaa addatti barsiisuu agarsiisuu kam

   A. Walitti madqina jireenya hawaasummaa B. Walitti madaqsina qaamaa

   C. Walitti madaqsuu bakkaa D. deebii sirrii hin qabu

4. Haalli daa'imman fedhii adda qabanii fi hinqabne wal hubachuu fi gargaaruun waliin barachuu fi jiraachuu isaanii raawwiin mirkaneessu kam.

   A. Walitti madqina jireenya hawaasummaa B. Walitti madaqina hojiin muldhatu

   C. Walitti madaqsina qaamaa D. Deebii hin qabu

5. kanneen keessa xiyyeeffannoo falaasamni barnoota hunda hammattoo **kan hintaane** kam

   A.Garaagarummaan dandeetti barattoota gidduu kan hinjjire ta'u

   B. Barachuu fi hirmaachuun mirga barataa hundaa ta'uu hubachuu

   C. Mirgi namoomaa akka kabajamu gochuu D.deebii hin qabu.

6. Kanneen armman gadii keessa bu'aalee hojiirra oolmaa barnoota hunda hammattoo kan **hin taane**

   A. manneen barnootaa fi barsiisotni jiran brattoota hunda simatanii brsiisuun danda'u

   B. Hawaasni manneen barnootaa hundi walqixxummaa, wal-hubachuu fi waldanda'uu cimaa uumuu

   C. Daa'imman addummaa qaban akkataa fedhii fi dandeetti isaanitti qophaatti barsiisuu

   D. Manneen barnoota idile hundaaf ogeeyyii leejisuun baasii xiqqaan barattoota hunda barsiisuu

7. Barnoota hunda hammattoo ilaalchisee **soba** kan ta'e kam

   A. Kabjuu mirga namummaa daa'imman gidduutti dagaagsa

   B. Kuufamaa fi kennaa daa'immanii dagaagsuuf gargaara

   C. Barnoota qulqullina fi ga'uumsa qabu akka argatan carraa bana

   D.Adeemsa yeroo gabaabaa keessatti raawwatu

8. Kanneen armaan gadii keessaa barnoota hundamattoo biyya keenya keessatti hojiirra oolchuuf irra caalaa gufuu kan ta'e kami?

A. Rakkoo maallaqaa C. Hanqina meeshaalee

B. Rakkoo ilaalcha D. Teessuma lafaa

9. Himoota armaan gadii keessa dhugaa **kan ta'e** kam

A. Sagantaa hundammattoo keessatti barataan haala caasaa fi siisteema jiruttii of jijjiiruu qaba.

B. M/B hundi soda tokko malee barnoota hundammattoo hojiirra oolchuuf caaraaquu qabu

C.Sagantaa hundammattoo keessatti milkaa'inni kan ibsamuu carraa walqixxa argaachuun

D. hundi deebii sirrii dha.

10. Kanneen keessaa seer-buu'uraalee barnoota hundammatto kan **hin taane** kam?

A.Deggeersa dhuunfaa B. Deggersa meeshaa

C.dhuunfaan hojjechuu D. deebii hin qabu

11. Buu'uraalee barnoota hundammattoo keessatti daa'imni hundi barnoota kutaa waliin barataan keessatti sirna barnoota haala gahaa fi sirrii ta'een xumuruu danda'uun

A. Argama B. Milkaa'ina

C. Hirmaanaa D. Hundi deebii

12. Barattoota dandeettii adda addaa qaban barsiisuu keessatti, sirni barnootaa murteessan kam?

A. sirna barnootaa haadhoo B. sirna brnootaa babal'isaa

C. sirna barnoota addaa D. "A" fi "B"

13. Danqitoota fuul durreen raawwii barnoota hundammattoo mudatan ilaalchisee **soba** kan ta'e kam?

A. Dagaaginni imaammata barnoota hund-hammatoon B. hanqina meeshaalee

C. sirni barnootaa fi sagantaaleen leenjii barsiisotaa D. B fi C

14. Xiyyeeffannoon sagantaa barnoota lammii hundaa ilaalchisee dhugaa kan ta'e kam

A.Barnoota bu'uraa qulqullina fi ga'uumsan kennuu B. ga'eessootaaf barnoota fi leenjii ogumma kennu C. Qaama miidhamtootaaf carraa barnoota qulqulluu tolaan kennu D. hunda

15. Ka'umsi tarsiimoon barnoota fedhii addaa Itiyoophiyaa jalqabaa kan ta'e kam

A. sagantaa barnoota fedhii addaa babaldhisuun gara hunda hamatoo ceesisuu

B.Sagantaa barnoota addaa babaldhisuun gara hundammataa fiduu

C. ariitiin sagantaa barnoota hundammattoo eegaluu D.deebii hin qabu

16. kanneen keessa tokko manneen barnoota keessatti fedhii bal'aa barattootni qaban sakatta'uun leecalloo qindeessuun tajaajilli barattoota hundaa bira akka ga'u kan taasiisu

A. Garee wiirtuu leecalloo mana barumsaa hundeessuu bu'ureeffate

B. Garee deeggarsaa mana barumsaa bu'uureffate

C. Garee manneen barnootaaa idilee leecalleessu bu'ureffate D. deebiin hin kennamne

17.Manneen barnoota keessatti gaheen garee tajaajiloota bakka bakkatti socho'an kan **hin taane** kam

A.Sakatta'insa gaggeessu, gorsa kennuu fi meeshaalee dhiyeessuu

B. Dhimma adda addummaa fedhii barattootarratii barsiisotaaf leenjii hojiirra kennuu

C. Tajaajiloota hunda galeesa ta'an hundeessuu D. deebii hin qabu

18. Kanneen keessa bu'a qabeessumm barnootni hunda hammatoo qulqullina barnootaa keessatti qabu ilaalchisee soba kan ta'e kam

A. Qabxii barattoota hundaa fooyyeessuuf hojechuu

B. Barumsa gahumsa barattoota hundaa g/galeeffate kennu

C. Dogoggoraa garaagarummaa namoota gidduu jiru iirratti hawaasni mulisuu xiqqeesa

D. Deebii hin qabu

19. Gahee barsiisa daree hunda hammatto kan hin taane kam

A. Sirni barnoota daree barattoota hunda giddu galeeffatee guutummaan tajaajilutti madaqsuu

B. Barattootni gareen ta'uun akka waliin wal barsiisan carraa baayyee xiiqqeessuu

C. Maloota qunnamtii hunda fayyadaamuu barattoota hunda hirmaachisuu

D. A fi B

20. Seer-bu'uuraalee barnoota hunda hammatoo hordofamuu qabu ilaalchisee adda kan ta'e kam

A. barannoo karoorsuun fi qunnamtii xiiqqeessuu B. daree barnootaa haalaan hogganuu

C. daa'imman fedhii addaa qabaniif deggersa dhuunfaa taasisuu D. hunda

21. Qooda barsiisan barnoota fedhii addaa barnoota hunda hammatoo keessatti qabu kan **hin taane** kam

A. Garee barnoota hunda hammatoo kurfeessuu, gaggeessuu fi hordofuu

B. Barsiisaa marmaartuu ta'uun hojjachuu fi sirna barnoota bocu

C. Kutaalee leecalloo gurmeessuu fi hojii irra oolmaa isaas hordofuu

D. tajaajila gorsaa barsiisota idileetiif kennuu

22. Gufuuwwan/danqaalee barnoota hunda hammattoo kan **hintaane** kam

A. Ilaalcha dogoggoraa hawaasni hundammattoo irratti qabu

B. Sirna barnootaa rincicaa

C. Imaammataa fi tarsiimoowwan garaagaraa hojiirra oolu

D. Rakkoolee ilaalchaa fi hanqina hubannoo barsiisota bira jiru

23.Hunda hammatoo galmaan ga'uu keessatti ga'een wiirtuu leecalloo mana barumsaa hundeessuu ilaalchisee sirrii kan ta'e

A. Kenniinsa tajaajiloota addaa karoorsuu B. Dagaagina ogummaa barsiisotaa cimsuu

C.Sakatta'insa gaggeessuu fi gorsa kennuu D. Hunda

24. Dhibbaa ilaalchaa fi sonaa karaa barsiisaan barnoota hunda hammattoo hojirraa oolchuu irratti mul'isu kan hin taane

A.Baayina hojii fi barnoota hunda hammatoo irratti hubannoo fi ga'umsa dhabu

B. haala leenjii barsiisaa qulqullina dhabuu

C. Baasii guddaa gaafata jedhanii sodaachuu D. B fi C

25. Agarsiistuun manneen barnootaa barnoota hunda hammatoo hojiirra oolchuu keessatti adda ta'e kam

A. Karoorri baruu-barsiisuu barattoota hunda hammachuu

B.Sirni brnootaa akkafeete daree barnoota keessatti hojirraa oolu

C. Daree keessaatti barattotni hundinuu walqixaa fi si'aayinaan hirmaachuu

D. Iyyaaffannaa fi madaallii keessatti barattootni hundinuu xiyyeeffannaa argachuu

26.Tooftalee barnoota hunda hammatoo keessatti Milkaa'ina dagaaggisuuf gargaaran kan hintaane kam

A. Deeggersa daa'immaniin daa'immaniif taasiisuu

B. Deeggersa barsiisaan barsiisaaf taasisu

C. Kutaalee leeccalloo qindoomina fi gurmaanaan badhaadhe fayyadamuu

D.Manneen barnoota fedhii fi kaka'umsa ala ta'uu

27.Adeemsa raawwii baruu barsiisuu keessatti agarsiistuun qulqul'inni barnoota itti maadalamu

A. Sirna mana barumsaa sirrii qabachuu B.Caasaa gaarii diriirsuu fi hojitti hiikuu

C.Ga'umsi ogummaa barsiisumaa jiraachuu D. Hunda

28.Fayyida tooftalee hundagaleessa ta'e dagaagisuu illalchisee soba kan ta'e kam

A.Sirnaa dheeraa fi dhiyeessi harkifataa dagaagisuu

B.Tajaajilaa fi dhimmamtoota halala jiraniin michummaan bakka murta'a tokkotti argachuu

C.Barattoota dadhabina qabaniif xiyyeeffannoo kennuun sakatta geggeesuu

D.B fi C

29.Kanneen keessa akka carrawwan barnoota hunda hammattoo tti kan hin lakka'amne kam

A. Seerotni fi labsiiwwan garaagaraa deggeran jiraachu

B. manneen barnootaa fi barattoonni heddummachaa deemuu

C. Ogeeyyiin barnoota hunda hammattoo baay'achaa adeemuu

D. Imaammataa fi tarsiimoowwan deeggaroon jiraachuu

30. Gufuwwan barnoota hunda hammatoo gama caasaan mul'ataan kan hintaane kam

A.Akkataa ijaarsa manneen barnootaa B. Haala kutaalee barnootaa

C.haala geeggeessumma manneen barnoota D. Sirna barnootaa mijaawwa ta'e qopheessuu dhabu

31.Carrawwan barnoota hunda hammattoo akka babal'atuuf gummacha guddaa kan taasiise kam

A.Tarsiimoo barnoota fedhii addaa B.Waliigalteewwan garaagaraa

C.Murtee Salaamaankaa D. Hunda

32. Kanneen keessa hundee fi bu'uurri barnoota hunda hammatoo kan ta'e kam

A. Mirga daa'imman hojirraa oolchuu B.Barnoota lammii hundaaf

C. A fi B D. Hunda

33. Ilaalchaa fi sona hawaasni bal'aan barnoota hunda hammattoo irratti qabu kan agarsiisu

A. Hojii irra oolmaan isaa ni ulfaata B. Ogummaa fi dandeettii adda tahe gaafata

C. Sagantaa barnoota hunda hammatoo gahee nama hedduu ti D. A fi B

34. Gahe waahilummaa manneen barnootaa fi maatiin giduutti hundeeffamuu qabu kan **hin taane** kam

A. Manneen barnootaa uummata naannootiif akka leecallootti tajaajilu hinqabu

B. Ijaarsi hirmaannaa maatii fi uummata naannoo wal amantaa irratti hundaa'u qaba

C. Mirgi hirmaannaa maatiiwwanii sirna bulchiinsa mana barumsaatti ijaaramuu qaba

D. Maatii fi uummatni naannoo mirga hirmaannaa bal'aa waliin qabachuu qaba

35. Kanneen keessa akka yaada giddugaleessa barnoota hunda hammattootti i kan hin ilaalamne kam

A. karaa hedduu garaagarummaa namoota hunda gidduu jiraachuu beekuu fi kabaju

B. Manneen barnootaa barsiistoota,maatii fi barattootaaf mijaawwa taasiisuu

C. Garaagarummaa daa'immanii fi gaa'eesota giddu jiruu akka miti leeccalootti ilaalu

D. Sonawwan hundammattoo gochaan agarsiisuu

36. Qajeeltowwan bu'uuraa mirgaa dhala namaa barnoota gidduu galeeffatee ilaalchisee adda kan ta'e

A.Gama hundaan ga'oomsuu B. Wal qixxummaa fi loogii

C.Hirmanaa fi hundammataa D.Itti gafatamummaa fi seera kabaju

37. Amaloota hunda hammatoo kan hin calaqisiisne kam

A. Galmi hundammattoo hanqinalee baratoota mudaatan adda baasuu fi xiiqeessuu

B. Raakooleen mudatan kan barattoota osoo hin taane rakkoo siistemaa ta'uu

C. Rakkooleen mudatan kan siisteemaa osoo hin taane kan barattootaa ta'uu

D. Siistemni manneen barnoota fi barsiisotni garaagarumma barattootaf deebii kennu

38. Galma olaanaan mirga barachuu dhala namaa dagaagisuun kan barbbacisuuf

A. Odeeffannoo wa'ee addunyaa keessa jiratanii caalaa yaada rimee hubachisu

B. Hubannoo dhimma dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa

C.Sona walqixxummaa fi kabaja dhala namaa

D. Dagaagina dimookrasii fi kabaja mirga dhala namaa

39. Fayyidaa barnoota hunda hammattoo ilaalchisee sirrii kan hin taane kam

A. Walqixummaa mirkaneessa B.yeroo fi qabeenya qisaasessa

C. Mirga seeraan daa'imni qabu kabachisa D.Qoodimaa fi loogii hambisa

40. Kanneen keessa tokko tarsiimoo hunda hammattoo gurmeessuuf hin fayyadu

A.Barnoota daa'immaniif cimaa ta'e qopheessu

B.Manneen barnootaa idilee leecaaleessuu

C.Hammattoo sirna barnoota wal qopheessu

D. Maatiiwwan daa'immanii deggeruu

BY: SG

Mirkaneeffannaa (Anser key for SNE-312)

1. D	11. B	21. B	31.D
2. C	12. D	22. C	32.D
3. C	13. B	23. D	33.D
4. B	14. D	24. C	34.A
5. A	15. A	25. B	35.C
6. C	16. B	26.D	36.B
7. D	17. C	27.D	37.C
8. B	18. D	28. A	38.A
9. B	19. B	29. B	39.B
10. C	20. A	30. D	40.A